## HIV waliin jiraachuu dandeessu

Tajaajilawwan kan SAYFSM, qajeelfamaa fi abdii akka argattaniif isin gargaaru.

Sagantaawwanii fi tajaajilaawwan kunneen SAYFSM –tti isiniif argamu:

- Afirikaanota HIV waliin jiraataniif gumii deggersaa miiraa fi kan hafuuraa
- Gorsaa fi Qorannoo HIV
- Barnoota ittisa HIV/AIDS
- HIV posatiivii warra ta'aniif kan kennamu gidduu seenuu kan dhibee ittisuu fi barumsa fayyaa
- Aadaa fi afaaniin kan wal qabatan meeshaalee barnootaa
- To'annoo dhimma fayyaa
- Abukaatoo kan yaalii fayyaa
- Gorsa Fayyummaa Sammuu
- Mana jireenyaatiif, miindeffamuudhaaf, deggersa hawaasaatiif, dulaaba soorataatiif, uffannaadhaaf, barnootaaf, seeraaf, meeshaalee mana keessaatiif, akkasumas fedhiiwwan kan biroof kan oolan, maddaa fi refiraala.

## FREE HIV Testing Sites

| | |
|---|---|
| SAYFSM | 651-644-3983 |
| Clinic 555 | 651-266-1255 |
| Red Door | 612-543-5555 |

## Qorannoo Fayyaa Taasisaa!

Qorannoon hundinuu fi tajaajilawwan wal fakkaatoo ta'an kaffaltii kan hin qabnee fi waajjira SAYFSM kanatti kan kennamanii dha.

SAYFSM kun karaa miseensa hojjetoota sirriitti leenjifamanii fi waraqaa ragaa qabaniitiin kan geggeeffamu meeshaa qorannoo HIV sadarkaa isaa eeggateen qorannoo dhiigaa taasisa.



Beellama qabachuudhaaf gara SAYFSM –tti bilbiluudhaan miseensa hojjetootaa waliin haasa'aa.

Bahiin qorannoowwanii daqiiqaa 15 keessatti.

**Teessoon Keenya:**
SAYFSM
2395 University Avenue, #200,
St. Paul, MN 55114

Lakkoofsa Bilbilaa: (651) 644-3983
E-meeyilii: info@sayfsm.org
Marsariitii: www.sayfsm.org

**KENNAAWWAN ADDAA GAMMACHUUDHAAN KEESSUMMEEFFAMU!**

Eeyyee! SAYFSM kanaaf kennuu nan barbaada:
____$25 ____$10 ____$5 ____kan biraa

Maaloo, kennaa keessan gara kanatti ergaa:

SAYFSM
2395 University Avenue W, #200
St. Paul, MN 55114

---

Tajaajilawwan akka aadaatti Sirrii ta'an dhiheessuu

SAYFSM

Sub-Saharan African Youth & Family Services in Minnesotaa keessatti sahaaraa gaditti kan jiraatan Tajaajila Dargaggootaa fi Maatii Afiriikaanotaa (SAYFSM), Afiriikaanota Minnesotaa keessa jiraatan hundumaaf, miira aadaa fi afaaniifis mijataa ta'een barnoota HIV/AIDS fi tajaajilawwan hawaasummaa

# Mbiu

A newsletter of SAYFSM Issue 20/June 2022 St. Paul, MN

651-644-3983 www.sayfsm.org info@sayfsm.org

## "… ammallee bosona keessaa hin baane"



**Bahar Oumer**

**Daarakteera, Hawaasa Oromoo Minnesotaa**

Duraan dursee, SAYFSM waggoota kurnan lamaa oliif sagantaa barnoota HIV/AIDS, hubannoo, fi tajaajila hawaasummaa godaantota Afrikaa gidduutti afaanii fi aadaatiin mijatu qopheesseef beekamtii laachuu fi galateeffachuun barbaada. SAYFSM daddarbiinsa HIV/AIDS ilaalchisee maqa-balleessii fi odeeffannoo dogoggoraa dhabamsiisuu fi namoota HIV/AIDS waliin jiraataniif deggersa baay'ee barbaachisu kennuu isaatiif galata guddaa isaaf qabna.

Hubannoo hawaasaa waa'ee HIV/AIDS fooyyessuu irratti guddinni yoo argame, keessumaa maqaa balleessii ittisuu keessatti-ammas, galata SAYFSM fi dhaabbiilee birootiin--madaalliin keessoo keenyaa fi hubannoon hawaasaa bal'aan ammallee bosona keessaa akka hin baanee agarsiisa. Namoota HIV/AIDS waliin jiraatan irratti maqaa balleessii fi loogiin raawwatamu ammallee hawaasa keenya keessatti bal'inaan kan mul'atu fi kan baramee dha. Yeroo tokko tokko nama HIV/AIDS waliin jiraatu qofa osoo hin taane miseensonni maatii hawaasaa keessatti maqaa ni balleeffamu. Walumaagalatti, maqaa balleessuu fi adda baafamuu akkasii namoonni HIV/AIDS waliin jiraatan ummataaf ifatti bahuu fi haala isaanii fi muuxannoo jireenya HIV/AIDS waliin jiraatan

akka hin dubbanne taasisa.

Carraa kanatti fayyadamee hawaasni keenya eegduu obbolaa fi obboleettii isaa akka ta’uu fi namoota HIV/AIDS waliin jiraatanii fi maatii isaanii ofirraa adda baasuu irraa akka of qusataniif afeeruu fi gaafachuun barbaada. Namoonni HIV/AIDS waliin jiraatan qaama hawaasaa ti. Isaan qaama keenya. Isaan maatii keenya. Akka hawaasaatti amaleefannaa aadaa keenya bara durii kan wal kunuunsuu fi wal ilaaluu wajjin jiraachuu qabna. Wal kunuunsuudhaan HIV/AIDS ittisuu dandeenya. Garuu namoota HIV/AIDS waliin jiraatan balaaleffachuu fi ofirraa adda baasuu itti fufna taanaan hawaasa osoo hin taane vaayirasicha gargaaraa jirra. Akkasumas hunda caalaa namoonni HIV/AIDS waliin jiraatan akka abaarsa ykn carraa badaa ta’e tokko dhukkubichaan akka isaan hin qabamne ofii keenyas ta’ee hawaasa keenya yaadachiisuu qabna. Namni kamiyyuu, tarkaanfii ittisaa fudhachuu yoo dadhabne dhibee kanaaf saaxilamuu dandeenya.

Yeroo ammaa akka hawaasaatti jireenya keenya weerara kan dhiibbaa dhibee Covid isa haaraa jalatti geggeessaa jirra; haa ta’u iyyuu malee, hawaasa keenya keessatti argamuu fi tamsa’ina HIV/AIDS yeroo tokkoof iyyuu dagachuu hin qabnu. Marii fayyaa fi fayyaa hawaasaa keenya keessatti dhimma kana gara fuul duraa fi giddu galeessaatti fiduu qabna. Waa'ee weerara Covid-19 kan yaaddofnu yoo ta'e illee, waa'ee ittisa HIV, qorannoo, fi kunuunsaa irratti hubannoo uumuu irraa yaada keenya garagalchuu hin qabnu. Kanarraa ka’uun tokkoon tokkoon miseensa hawaasa keenyaa ofii keessanii fi namoota jaallattan HIV/AIDS irraa eeguu akka itti fuftan waamicha isiniif dhiheessa.

Keessattuu 'lockdown' fi fageenya hawaasummaa jechuun HIV/AIDS irratti ija jaamsachuu ykn gurra cuqqaallachuu jechuu akka hin taane akka hubattan mirkaneeffachuudhaan, dargaggoota hawaasa keenya keessa jiran kallattiidhaan dhaqqabuun barbaada. Fakkeenyaaf, yeroo affeerraa manaa qopheessinu of eeggannoo dabalataa gochuun dirqama. Ta’uu baannaan balaan akkasii kun hirmaattota dhibee COVID-19 fi HIV/AIDS lamaaniifuu isaan saaxiluu ni danda’a. Kanarraa ka'uun ofis ta'e namoota jaallattan COVID-19 fi HIV/AIDS irraa akka eegdan isin gaafadha. Dhukkuboota gidduutti wal-jijjiirraan akka hin jirres akka beektan abdiin qaba.

Haala HIV keenyaa karaan itti beeknu karaa qorannoo taasisuutiin qofa. Kanaafuu, hawaasni keenya qorannoo HIV akka gaggeessu baay’een jajjabeessa. Akka carraa ta'ee buunni qorannoo HIV bilisaan itti gaggeeffaman ni jiru. SAYFSM irraa odeeffannoo argachuu dandeessu. Qormaanni akka hawaasa keenya biratti yeroo shariikummaa ykn imala gochuu barbaannu qofa osoo hin taane qorannoon yeroo hunda akka ta’u gochuu qabna. Ogeessonni fayyaas gocha kana ni gorsu. Kanaafuu, qorannoo HIV yeroo hunda gochuu haa amaleeffannu.

Dhuma irrattis miseensota hawaasa keenyaa kanneen HIV/AIDS waliin jiraachaa jiran bira gahuu nan barbaada. Miseensonni hawaasa kiyyaa, HIV/AIDS eenyuun iyyuu ibsuu akka hin dandeenye ammas of haa yaadachiifnu. Isin miseensonni hawaasaa kanneen HIV/AIDS waliin jiraattan, maaloo, dhibeen HIV akka inni isin hin ibsine hubadhaa. Isin



vaayirasicha caalaa gahaa fi guddaa ta'uu keessan cimsee dubbachuu hin barbaadu. Isin qaama hawaasa fufuu dandeessu. Jireenya hawaasummaa, haasawaa, muuxannoo, fi sochii irraa isin dhabuu hin barbaannu. Yeroo hundumaa muuxannoo, barumsa, ogummaa, fi kaka'umsi

**Namoota HIV waliin jiraatan osoo hin taanee, HIV haa lollu**

Namoonni HIV waliin jiraachuu isaanii beekuu hin barbaadan, sababiin isaas maatii fi hawaasni isaan keessa jiraatan akka isaan hin jibbineef (judge), akkasumas addaan isaan hin baafneef sodaa waan qabaniif. HIV/AIDS kan qaban yoo ta’e illee, namni hundinuu, yeroo hundumaa akka isaan jaallatuu fi akka isaan deggeru beekuu qabu.

Vaayirasiin AIDS fidu tuttuqqaadhaan, gororaan, imimmaaniin, haxxiffannaadhaan, qufaadhaan, ykn tuttuqqaa salphaa ta’e kamiin iyyuu hin faca’u. Vaayirasiin HIV harka caalmaadhaan kan inni daddarbu, karaa dhangala’aa qaama hormaata dhiiraa, dhangala’aa qaama hormaata dhalaa, dhangala’aa munnee, dhiiga, ykn aannan harmaa kan nama vaayirasii HIV posatiiv ta’ee ti.



# Waa’ee HIV beekuun kan isin irraa eegamu maali?

**“Beekumsi qabeenyarra wayya.”**
***Jechama ‘Cameroonian’***

## HIV/AIDS n MAALII??

- **HIVn vaayirasii AIDS fiduu danda’uu dha. Qaama keenya dhukkubaa fi infekshinii irraa kan eegu, mala ittisaa uumamaa kan ta’e dandeettii ittisa dhukkubaa kan miidhuu dha.**
- **Dhibee kanaan erga qabamtaniin booda, mallattoon dhukkubaa osoo isin irratti hin mul’atin ykn HIVtiin qabamuu keessan osoo hin beekin waggoota dheeraaf jiraachuu keessaniin namoota kan birootti daddabarsuu dandeessu.**
- **HIV kanaan erga qabamtaniin booda dandeettii dhibee of irraa dhorkuu kan qaama keessanii baay’ee miidhuudhaan infeekshiniin kun gara AIDS tti guddata.**
- **AIDS jechuun sadarkaa(Stage) xumuraa kan HIV ti.**
- **AIDS addaan baasee beekuu kan danda’u dokteera qofa.**
- **HIV/AIDS kanaaf talaalliin yks daawwaan tokko illee hin jiru.**
- **Tarkaanfiiwwan fayyummaa hojiirra kan hin oolchine, ykn limmoo waliin kan qooddachuudhaan, ammas HIV gara warra birootti dabarsuu kan dandeessan ta’us; namoonni vaayirasii HIV waliin jiraatan jireenya fayyaalessaa fi umurii dheeraa akka jiraatan gargaaruuf yaaliin fayyummaa ni laatama.**
- **Yaalii fayyummaa kana irraa fayyadamaa ta’uudhaaf, dursitanii bahii qorannoo HIV keessanii beekuun baay’ee barbaachisaa dha. Haala bahii qorannoo HIV keessanii beekuu kan dandeessan qorannoo HIV taasisuu qofaadhaan ta’a.**

**HIVn nama addaan hin baasu!**
**HIVn nama kamiin iyyuu qabuu danda’a!**